Harka fuune,

Baga nagana gara giddu gala Faayidaa Guddina Duree fi Giddu-seentummaa Amalaa (EIDBI) dhuftan. Muummeen Tajaajila Namoomaa Minesootaa adeemsa, leecalloowwan fi jechoota baratamoo sagantichi fayyadamu akka bartan barbaada. Tajaajila daa'imaa keessan irratti ofitti amanamummaa fi mijaa'inni akka isinitti dhagahamu barbaanna.

Xalayaan kunis bu'uraalee EIDBI isin hubachiisa. Garuu, waa'ee kanaa dabalataan barachuu yoo barbaaddan, leenjii EIDBI toora irraa keenya fudhachuu dandeessu. Xumuruuf gara sa'a tokkoo fudhata.

Lakkoofsa ykn Agarsiistuu 1: Tarkaanfilee ittiin tajaajiloota EIDBI argatan



Kaayyoowwan tajaajiloota EIDBI

Kaayyoowwan tajaajila EIDBI daa'imman rakkoo ootiizimii ykn harkifannaa guddina sammuu fi rakkoolee wal fakkaatan keessatti dandeettii isaanii cimsuudha. Dandeettiiwwan kunneenis kanneen armaan gadii dabalata:

- Quunnamtii
- Kanneen biroo waliin waliif galuu
- Kunuunsa ofiif gochuu fi jiruu guyyuu keessatti of danda'uu ijaaruu
- Manaa fi hawaasa keessatti hirmaannaa dabaluu.

Tajaajiloonni EIDBI namaa fi maatii giddu galeessa kan godhate akka ta'u seerri ni ajaja. Kana jechuunis tajaajilichi madaallii daa'ima keessan/maatii keessaniif maaltu wayya kan jedhuu fi daa'ima/maatii keessan maaltu barbaachisa kan jedhu eega. Kanaafuu, tajaajilichi fedhii, faayidaa, duudhaa, dudduubee aadaa fi bu'aa barbaachisaa calaqqisiisuu qaba jechuudha. Kana fiixaan baasuuf, raawwii fi karoora tajaajilichaa isinii fi daa'ima keessantu qajeelcha.

Tajaajillli EIDBI kan ragaa irratti hundaa'e ta'uu baruun gaariidha, kana jechuun teeraappiiwwan naga—qabeessa fi bu'a qabeeyyii qofatu hojiirra oola jechuudha.

Madaallii hunda galeessa

Tajaajila EIDI eegaluuf, daa'imni keessan Madaallii Hunda galeessa Naamuusa Hundaa (CMDE) xumuruu qaba. CMDE n ulaagaa fi barbaachisummaa qorichaa tajaajilichaa kan murteessu ta'a. Dhiheessaan CMDE gamaggama daa'ima keessanii xumuruun, odeeffannoo walitti qabee erga xumureen booda bu'aa isaa immoo isin faana xiinxala. Daa'imni keessan yaala fayyaa arganne jira yoo ta'e, dhiheessichi yaala sana mirkaneessuun sadarkaa barbaachisummaa irratti hundaa'ee tajaajilichi sa'a meeqaaf akka barbaachisu ni ajaja. Daa'imni keessan hanga ammaatti yaala fayyaa hin arganne taanaan, dhiheessaan CMDE sun daa'imni keessan ulaagaa ootiizimii fi rakkoowwan wal qabatoo guutuu isaani murteessa. Madaallichi dabalataan daa'imni keessan dandeettii akka gonfatuu fi kaayyoon maatii keessaniif gaariin maal akka ta'e murteessuuf gargaara.

Karoora yaalaa sana waliin itti fufuun dura, karoora madaallii sana mallatteessuun kanneen armaan gadiitti walii galuu keessan mirkaneessitu:

1. Waa'ee karoorichaa hubannoo argachuu
2. Yaadota murtii ykn furmaataa gabaasa keessatti kennamaniin waliif galuu.

Madaalliin kun wagga sadii sadiin fooyya'uu qaba, yoo isin dursitanii akka raawwatuuf gaafattan ykn sababni yaalaa gahaan (jijjiiramni guddaa maatii ykn daa'ima keessan irratti argame) irraan kan hafe.

Dhiheessaa CMDE keessan filachuu dandeessu. Dirqama ejensii daa'imni keessan giddu-seentummaa itti fudhatu ta'uu hin qabaatu.

Dhiheessaa alaa irraa CMDE kan fudhattan yoo ta'e, ejensii EIDBI keessan adda baasuuf to'ataa dhimmaa keessanii faana hojjechuun isin barbaachisuu mala ykn riferaalaaf dhiheessaa CMDE keessan gaafadhaa. Dabalataanis mataa keessaniin ejensii adda baafachuuf meeshaa Paazwey tu EIDBI riferaal jedhu fayyadamaa.

Karoora yaalaa

Karoora yaalaa guddisuuf, ejensiin dhiheessaa EIDBI wanta Karoora Yaalaa Dhuunfaa (ITP) jedhamu ni fayyadama. Ejensiin dhiheessaa adeemsa guddina ITP ni dursa, garuu qorannoo, af-gaaffii fi marii isinii fi daa'ima keessan waliin godhu irratti hundaa'eeti. Barreeffamni yaada murtii fi kaayyoo sun aadaa, duudhaa, filannoo fi fedhii keessan calaqqisiisuu qaba.

Erga karoorichi xumurameen booda, akka mallatteessitaniif ni gaafatamtu. Kunis karooricha irra deebiin ilaaltanii mirkaneessuu keessan agarsiisa. Karooricha bakka wal ga'iitti ykn yeroo xiinxalaa fudhattanii booda mallatteessuu dandeessu, garuu haala kamiin iyyuu osoo isin isa hin mallatteessiin tajaajilli hin eegalu.

Karoorichi baatiiwwan jaha jahaan fooyya'a, ykn akka barbaachisummaa isaatti sana dursees ni fooyy'a.

Mirgaa fi dirqamoota

Sanadoota kana qooduu isaatiin dhiheessichi mirgootaa fi dirqamoota keessanii fi kan dhiheessichaa akka ilaaltaniif isin gaafata:

- EIDBI: Mirgaa fi Dirqamoota Keessan, DHS-7645A (PDF)
- EIDBI: Dirqamoota Ejensii Dhiheessaa, DHS-7645B (PDF)

(Yaadachiisa: Sanadoonni kun lamaan iyyuu afaanota kan birootiin ni jiru. Gara eDocs homepage deemuun “7645” galchuun barbaadaa. Tarreewwan hiikaa afaanii hunda isiniif fida.)

Sanadoonni kunneen akka hirmaataa faayidaa EIDBI tti mirgoota keessan, mirgoota ol’iyyannoo, adeemsa komii dhiheeffachuu fi kan biroo of keessatti qabata. Ejensiin dhiheessaa EIDBI keessan yeroo adeemsa karoora yaalaa akkasumas sana booda yoo xiqqaate wagga tokko keessatti sanada kana isin faana xiinxaluu qaba.

Yaa’ii kunuunsaa qindaa’e

Dhiheesaan keessan karooricha xiinxaluuf jecha dabalataan yaa’ii yaalaa qindaa’aa isiniif qopheessuu danda’a. Kunis karooricha waliin akka xiinxaltanii fi gaaffii yoo qabaattan akka gaafattan isin gargaara. Kun dabalataanis dhiheessitoota kan biroo ykn ogeeyyii qaama garee yaala daa’ima keessanii ta’an kan biroo waliin wal baruuf isin fayyada. Kun barsiisota, paatooloojistoota dubbii/afaanii, terraappistoota hojii, to’attoota dhimmaa ykn akka gaaffii keessaniitti kanneen biroo dabalachuu danda’a. Tajaajila daa’ima keessanii keessatti yeroo kamiyyuu yaa’ii yaala qinda’aa gaafachuu dandeessu.

Garee dhiheessitootaa

Gareen EIDBI daa’ima keessanii namoota adda addaa of keessatti qabata: Ogeeyyiin to’annoo ulaagaa guutan (QSP) ogeessota heyyama qaban kanneen tajaajila daa’ima keessanii to’atanidha. Isaan dabalataanis ITP daa’ima keessanii ni xiinxalu/ni mallatteessu. Dabalataanis daa’imni keessan dhiheessaa kaayyolee ITP irraatti ibsaman to’atuu fi deggersa qaamaan ykn sirreeffamoota garee xiqqoo qabu keessatti dhiheessu ni qabaata. Isin muuxannoo fi dandeettii hojjettoota daa’ima keessan waliin hojjetanii gaafachuuf mirga qabdu.

Odeeffannoo dabalataa

Kun cuunfaa adeemsa EIDBI ti. Tarreeffama leecalloowwan dabalataaf, gara Poortaalii Leecalloo Ootiizimii Minesootaa deemuun ilaalaa. Dabalataanis hiikaa jechoota barbaaddaniif gara kuusaa jechoota EIDBI keenyaa ilaaluu dandeessu. Gaaffii yoo qabaattan ykn dabalataan barachuu yoo barbaaddan, maaloo bilisummaadhaan gara Garee EIDBI Muummee Tajaajilawwan Namoomaa Minesootaatti karaa ASD.DHS@state.mn.us iimeelii ergaa.

Galatoomaa,

Garee EIDBI Muummee Tajaajilawwan Namoomaa Minesootaa